# Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatti

## Daarektoreetii Mirkaneessa Sanadootaa fi Kennaa Hayyamaatti

## Maanuwaalii Hojii JBAH Irra Deebiin Qoratame Bu'uura Godhachuun Qophaa'e

Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa
Oromiyaa
የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ
Oromia Attorney General

*Fulbaana , 2011*

*MHAAWO*

# Daarektoreetii Mirkaneessa Sanadootaa fi Kennaa Hayyamaatti Maanuwaalii JBAH Irra Deebiin Qoratame Bu'uura Godhachuun Qophaa'e

## Seensa

Manni Hojii Abbaa Alangaa Waligala Oromiyaa kenninsa tajaajilasaffisaa fi qulqullina qabu tajaajilamtootaaf kennuuf qorannoo JBAH Daayoktoreetii Mirkaneessa Sanadootaa fi Kennaa Hayyamaairra deebiin bara 2011 gaggeessuun gara hojiitti galeera. Qorannoo JBAH irra deebiin taasifame keessatti hojiileen haaraan kanaan dura hojjatamaa hin turre dabalamaniiru waan ta'eef, akkasumas, hojiilee kanaan dura hojjatamaa turan tokko tokko irrattis fooyya'insi waan godhameef maanuwaalii duraan hojirraa jiru JBAH irra deebiin qoratame waliin akka simatu gochuuf irraa deebiin foyyeessuun barbaachisaa ta'ee argameera.

Maanuwaalii kana keessatti hojiileen hojjataman hundinuu eessatti akka hojjatamu qaban adda bahee ifaan taa'era. Dhumarrattis, ulaagaleen kennaa tajaajila akkaataa barbaachisummaa isaaniitti dabalamuun tarreeffamaniiru.

Haaluma Kanaan, tajaajila kennitootni JBAH irra deebiin fooyya'iinsa taasifame irratti hubannoo argatanii tajaajila akka kennanii fi maamiltootnis bu'uura jijjirama kanaatiin akka tajaajilamaniif maanuwaalii raawwii hojii isaa fooyya'eeqophaa'eera.

Hojimaatni daayoktoreetii kanaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waligalaa Oromiyaa irraa hanga caasaa isaa Aanaatti kan diriire yoo ta'u,raawwataan sadarkaa sadarkaan jirus jijjirama taasifame hubachuun maanuwaaliin hojii kanatti fayyadamuun kan tajaajila kennan ta'a.

Maanuwaalii kana keessatti kaayyoo fi barbaachisummaan maanuuwaalichaa, ulaagaalee kenna tajaajila, iddoo fi yeroo hojichi gaafatus hammatamaniiru. Kana malees,gucaaleen kennaa tajaajila tokkoon tokkoon hojiiwwan daarektoreetii kana jalatti hojjatamaniif barbaachisan tarreeffamaniiru.

## Boqonnaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

### 1. Mata Duree Gabaabaa

Maanuwaaliin kun "Maanuwaalii Hojii mirkanessaa sanadootaaf kenna hayyamaa" jedhamee waamama.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Maanuwaalii kana keessatti:-

1) **"Abbaa Alangaa"** jechuun ogeessa seeraa ogummaa Abbaa Alangummaatiin akka tajaajilu bu'uura Qajeelfama Ramaddii Abbootii Alangaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa yookiin Dambii Ittiin Bulmaata Abbaa Alangaatiin muudame yookiin rammadame jechuudha.
2) "**Abbaa Alangaa Waliigalaa**" jechuun hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
3) "**Abbaa Adeemsaa**" jechuun Abbaa Adeemsa hojii Mirkanessaa sanadootaafi Kenna Hayyamaa Jechuu dha.
4) **"Daarektara**" jechuun Daarektara Daarektoreetii Mirkaneessaa Sanadootaaf kenna Hayyamaa
5) **Labsii"** jechuun Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk 214/2011 jechuudha.
6) **Mana Hojii Mootummaa"** jechuun Manneen Hojii Mootummaa Naannichaa guutummaan guututti yookiin gar-tokkeen baajata mootummaa naannichaatiin bulan ta'ee hojiiwwan mootummaa naannichaa kamiyyuu kan keessatti raawwatamu jechuudha.

**3. Daangaa Raawwatiinsaa**

Maanuwaaliin kun Garee Mirkaneessaa Sanadootaa fi Kenna Hayyamaa fi Abbootii Alangaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiran keessatti dhimmaa mirkaneessaa sanadootaafi kennaa hayamaa hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

4. **Ibsa Koornayaa**

Maanuwaalii kana keessatti koornayaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

**5. Kaayyoo Maanuwaalichaa**

Maanuwaaliin kunkaayyoowwan armaan gadii ni qabaata.

1) Gahee hojii Abbaa Alangaa fi hojjattoota biroo hojicha wajjin qunnamtii qabaniif haala raawwii hojii mirkaneessaa sanadootaaf kenna hayyamaan walqabatan beeksisuuf akka yaadannootti kan tajaajilu;
2) Sirna hojiiwwan mirkanessaa sanadootaaf kennaa hayyamaa ittiin hoogganammanii fi hojjataman diriirsuuf;

3) Abbootiin Alangaa fi hojjattootni biroo hojicha wajjin quunnamtii qaban hundi hojii fi gahee mirkaneessaa sanadootaaf kennaa hayyaamaa walqabate qaban hubatanii bifa walfakkaataa fi walitti dhiheenya qabuun akka raawwatan taasiisuudhaaf;
4) Sanadootaa akkaa mana hojii keenyaa mirkana'aniis ta'e galma'an irratti iftoominaa fi itti gaafatamummaa akka qabaatan taasisuufi dha.

## Boqonnaa Lama

### Sanadoota Mirkaneessuu fi Galmeessuun Dura Dhimmoota Xiyyeeffannoon Itti Kennamuu Qaban

**6. Hojii mirkanessa fi galmeessa sanadoota hojechuundura dhimoota armaan gadii hubatamu qabu.**

1) Hojimaata Mana Hojii keenyaatiin waraqaaleeneenyummaa armaan gadii fudhatama niqabaatu.
   (a) Waraqaa eenyummaa jiraataa gandaa,
   (b) Waraqaa eenyummaa hojjattoota mootummaa,
   (c) Paas poortii yeroon isaa hin darbine
   (d) Waraqaa hayyamaa Abukaatoo,
   (e) Hayyama konkolaachisummaa
   (f) Waraqaa eenyummaa kaffalaa gibiraa
   (g) Waraqaa eenyummaa sooramaa hojjatoota mootummaa,
   (h) Waraqaa eenyummaa barattoota yunivarsiitii baratoota idilee kan semisteraan haromsame
2) Waraqaaleen eenyummaa armaan olliti tarreeffaman yemmuu dhihaatan kan haaromsaman, suuraan kan itti maxxanfame, chaappaan kan sirnaan irratti rukutame, wanti haqame kan irra hin jiraanne, mallattoo abbaa taayitaa waraqaa eenyummicha kennee kan qabu, tiitarii maqaa fi itti gaafatamummaa sirriitti kan irratti taasifame ta'uutu irra jiraata.
3) Sanadni tokko mirkanaa'uuf yemmuu dhiyaatu sanadicha irratti namni mallatteessuuf dhiyaate maqaafi teessoon isaa kan sanadicha irratti ibsameen tokko ta'uu isaa mirkaneessuu fi sanadicha irratti mallatteessuufis mirga yookiin aangoo kan qabuu ta'uu isaa mirkaneessuu;

4) Waraqaan eenyummaa yemmuu dhiyaatu, namni waraqaa eenyummichaa qabatee dhiyaate sun isa waraqaa eenyummichaa irratti suurri maxxanfame faana tokko ta'u isaamirkaneessuu,
5) Sanadni dhiyaate utuu hin mirkaneessiin dura qabiyyeen isaa faallaa seeraafi safuu (moral) ta'uu dhiisuu isaa mirkaneessuu;
6) Sanadoota mirkaneessuun dura seerota rogummaa qaban hordofuu fi hubachuun barbaachisaa ta'uu;
7) Namni mallatteessuuf dhiyaate dandeetti kan qabu (umuriin isaa waggaa 18 kan guute, M/Murtiitiin kan hin dhorkamne, itti gaafatamummaa wanti inni raawwatu hordofsiisu sirriitti kan hubatu ta'uu isaa mirkaneessuu)
8) Sanadootni mirkanaa'uufi galmaa'uuf gara mana hojii keenyaatti dhiyaatan hundi afaan hojii naannichaatiin (Afaan Oromootiin) kan qophaa'an ta'uutu irra jiraata.
9) Yeroo kamiiyyuu dhimma qabatee dhiyaate raawwachiisuu kan danda'u abbaa dhimmaa ofii isaatiin yookiin bakka bu'aa seeraan bakka isaa bu'ee, moogziitii (tutor) yookiin yoo waldaa ta'e hojii gaggeessaa waldichaa yookiin bakka bu'aa isaa ta'uutu irra jiraata.
10) Seera dhaabbataa foyyeessuuf qaboon yaa'ii kan dhiyaatu bakka dhaabbatichi itti galmaa'eetti ta'uu qaba.
11) Sanadoota mallattaa'uuf dhiyaatan irratti maqaa guutuu hanga akaakayyuutti, lammummaafi teessoon jiraachuu isaa mirkaneessuun barbaachisaa dha.
12) Barreeffamni hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataafi qaboowwan yaa'ii yemmuu dhiyaatan yoo xiqqaate koppi 3 tiin kan qophaa'anii fi kan irratti hin mallattoofne ta'uu qabu.
13) Tokkoon tokkoon sanada orjinaalaa dhiyaatan waliin koppiin isaanii sirrii ta'ee walqabatee dhiyaachuu isaa mirkanessuu.
14) Sanadootni walii galtee walta'iinsa wal fuutotaa barbaadan yemmuu dhiyaatan ragaan gaa'ilaa yookiin gaa'illi yoo hin jiraanne ragaan hin fuunnee/ heerumne jedhu ji'a jaha (6) keessatti qaama dhimmi ilaalu irraa kan kenname dhiyaachuu mirkaneessuu
15) Sanadoota biyya alaatti karaa Ministeera Dhimma Alaatiin ergamanii fi afaan alaatiin barreeffaman qaama hayyamni turjumaanaa kennameefiin gara Afaan Oromootti turjumanuun isaa mirkanaa'uu qaba.

16) Tajaajilamtoonni sababoota dhukkuba sammutiin, dullumaa fi dhukubaan fedhii isaanii yookiin dhimma dhufaniif ibsachuu hin dandeenye namoonni dhimma isaanii raawwachiisuuf dhufan bulchaa qabeenyaa(tutors)yookiin aangoo kunuunsituu (Gurdians) mana murtiitiin muudamuu isaanii dhiyeessuu isaanii mirkaneessuu
17) Qabeenya dhaalaan yookiin kennaan argame deebisanii gurgurtaan ykn kennaan dabarsuuf qabeenyichi dhaalaan ykn kennaan Abbaa Warraa ykn Hadha Warraa qofaaf kennamuunkanargame ta'uuRagaa dhaan yoo mirkanaa'e ragaa gaa'ilaa gaafachuun barbaachisaa miti.
18) Lammiileen biyya alaa hayyama invastimantii hanga hin dhiheessinetti abbaa qabeenyaa qabeenya hin sochoonee ta'uu hin danda'an.
19) Dhalattoonni Itoophiyaa lammii biyyaa alaa ta'aniifi waraqaa eenyummaa dhalattummaa Ministeeraa Dhimma Alaa irraa yoo dhiyeessan akka lammii biyyattiitti keessumeeffamu.
20) Kewwata kana 18 fi 19 jalatti kan tumamaan akkuma jirutti ta'e lammileen biyya alaas ta'e dhalattoonni Ithoophiyaa lammii biyya alaa ta'an dhaabbilee akka baankii, inshuraansiifi dhaabbilee faayinaansii biroo keessaatti abbaa akisiyoonaa ta'uu hin danda'an.

## Boqonnaa Sadii

## Ulaagaalee Kennaa Tajaajilaa Mirkaneessa fi Galmeessa Sanadoota

### 22. Galmeessaa waligaltee gurgurtaa ykn kennaa

1) Hojii waligaltee gurgurtaa ykn kennaaQabeenya hin sochoone bu'uura (SHH kewt.1723 fi 2875) ttiin mirkaneessuu fi galmeessuuf dhiyaataan ulaagaaleenarmaan gadiitti gutaanii dhiyachuun barbaachisaa dha
   (a) Waliigaltee akkaataa seeraatiin qophaa'e dhihaate
   (b) Ragaa abbaa qabeenyummaa ibsu
   (c) Tilmaama qabeenyichaa
   (d) Dhorkaa fi idaa irraa bilisa ta'u isaa
   (e) Gaaila kan qaban yoo ta'e ragaa fuudhaa fi heerumaa,haati manaa/abbaan manaa waligaltee kanaaf fedhii qabaachuu ishii/isaa jiraachuu ykn aangoo bakka bu'ummaa dhimma kana irratti kenname yoo jiraate ykn gaa'ila irraa bilisaa ta'u ibsu kan qaama aangoo qabuu irraa kenname

(f) Gurgurtaan ykn kennaan kun kan raawwatu bakka bu'ummaan yoo ta'e aangoo bakka bu'ummaa kennameef dhiheessuu qaba.

(g) Waraqaa eenyummaa qaama waliigaltee raawwatee fi ragaa baatotaa

2) Ulaagaaleen armaan olitti tarreeffaman akkuma jiranitti ta'e, kan gurguramu ykn kennamu qabeenyaadhaabbata daldalaa yoo ta'e sanadootni armaan gadii dabalataan dhihaachuu qabu.

(a) Hayyama daldalaa haaromsame fi galmeessa daldalaa

(b) Kiliraansii kan Abbaa Taayitaa Galiiwwan irraa kenname

(c) Yoo dhaabbatni daldalaa kun immoo bifa **waldaa daldalaatiin hundaa'eera** ta'e barreeffama hundeeffamaa,danbii ittiin bulmaataa fi qaboo yaa'iin dhihaachuu qaba.

**3)** Hojii waligaltee gurgurtaa ykn kennaa Qabeenya **sochoo'u(SHH kewt. 2426 fi 2427)**ttiin mirkaneessuu fi galmeessuuf dhiyaataan ulaagaaleen armaan gadiitti gutaanii dhiyachuun barbaachisaa dha.

(a) Waliigaltee akkaataa seeraatiin qophaa'e dhihaate

(b) Ragaa abbaa qabeenyummaa ibsu dhiyaachuu qaba.

(c) Gaa'ila kan qabu yoo ta'e ragaa fuudhaa fi heerumaa,haati manaa/abbaan manaa waligaltee kanaaf fedhii qabaachuu ishii/isaa ibsuu ykn aangoo bakka bu'ummaa dhimma kana irratti kenname yoo jiraate ykn gaa'ila irraa bilisa ta'uu ibsu kan qaama aangoo qabu irraa kennamee dhiyaachuu qaba.

(d) Gurgurtaan ykn kennaan kun kan raawwatu bakka bu'ummaan yoo ta'ee aangoo bakka bu'uummaa seeraan kenname dhihaachuu qaba.

(e) Waraqaa eenyummaa qaama waliigaltee raawwatee fi ragaa baatotaa dhiyaachuu qaba.

4) Ulaagaaleen armaan olitti tarreeffaman akkuma jiranitti ta'e, kan gurguramu ykn kennamu qabeenyaadhaabbata daldalaa yoo ta'e sanadootni armaan gadii dabalataan dhihaachuu qabu.

(a) Hayyama daldalaa haaromsame fi galmeessa daldalaa

(b) Yoo dhaabbatni daldalaa kun immoo bifa waldaa daldalaatiin hundaa'eera ta'e barreeffama hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa fi qaboo yaa'iin dhihaachuu qaba.

**23. Galmeessa waligaltee kiraa(SHH kewt.1265 fi 2896)**

Hojii waligaltee kiraa mirkaneessuu fi galmeessuuf ulaagaaleen armaan gadii gutamanii dhiyaachuu qabu.

1) Waligaltee akkaataa seeraatiin qophaa'ee
2) Ragaa abbaa qabeenyummaa qabeenya kireeffamuu
3) Kireessaa fi kireeffataan mirga ykn aangooqabaachuu isaanii mirkaneeffachuu
4) Kireesssaan gaa'ila kan qabu yoo ta'e ragaa fuudhaa fi heerumaa, haati manaa/abbaan manaa waligaltee kanaaf fedhii qabaachuu ishii/isaa ibsuu ykn aangoo bakka bu'ummaa dhimma kana irratti kenname yoo jiraate ykn gaa'ila kan hin qabne yoo ta'e ragaa gaa'ila irraa bilisa ta'uu ibsu kan qaama aangoo qabu irraa kennamee dhihaate
5) Kan kireessuu ykn kireeffataan waldaa daldalaa yoo ta'e barreeffama hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa, akkuma barbaachisummaa isaatti qaboo yaa'ii fi hayyama daldalaa haaromsame dhihaachuu qaba.
6) Waraqaa eenyummaa qaama waliigaltee raawwatee fi ragaa baatotaa

**24. Aangoo bakka bu'ummaa kennuu**

Aangoo bakka bu'ummaa qabeenya bulchuu bu'ura SHH kewt. 2199 fi 2204ttin kennamu ulagaalee armaan gadii nii qabata.

1) Barreeffama bakka bu'ummaa akkaataa seeraatiin qophaa'e
2) Namni aangoo bakka bu'uummaa kennuuf dhihaate mirga ykn aangoo qabaachuu qaba.
3) Aangoo bakka bu'ummaa irratti kan ibsame qabeenyi ykn mirgi addaa yoo jiraate ragaa abbaa qabeenyummaa mirkaneessu dhiyaachuu qaba.
4) Waraqaa eenyummaa bakka buusaa dhiyachuu qaba.
5) Aangoo bakka bu'ummaa kan kennu waldaa daldalaa ykn waldaa bu'a malee yoo ta'e sanadootni kanneen akka barreeffamaa hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa fi akka barbaachisummaa isaatti qaboo yaa'iin dhiyaachuu qaba.

**25. Aangoo bakka bu'ummaa guutuu (Special Agency )**

1) Bakka bu'umaa guutuu bu'ura SHH kewt. 2199 fi 2205 tiin kennamu ulagaawwam armaan gadii guutuu qaba.

(a) Barreeffama bakka bu'ummaa akkaataa seeraatiin qophaa'ee dhiyaachuu qaba.

(b) Aangoo bakka bu'ummaa irratti kan ibsame qabeenyi ykn mirgi addaa yoo jiraate ragaa abbaa qabeenyummaa mirkaneessu dhiyaachuu qaba.

2) Gaa'ila kan qaban yoo ta'e ragaa fuudhaa fi heerumaa, haati manaa/abbaan manaa waligaltee kanaaf fedhii qabaachuu isaa ibsuu ykn aangoo bakka bu'ummaa dhimma kana irratti kenname yoo jiraate ykn gaa'ila kan hin qabne yoo ta'e ragaa gaa'ila irraa bilisa ta'uu ibsu kan qaama aangoo qabu irraa kennamee dhihaachuu qaba.
3) Namni aangoo bakka bu'uummaa kennuuf dhihaatu mirga ykn aangoo qabaachuu qaba. Aangoo bakka bu'ummaa kan kennu waldaa daldalaa ykn waldaa bu'a malee yoo ta'e yoo ta'e sanadootni kanneen akka barreeffamaa hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa, hayyama daldalaa haaromsame fi akka barbaachisummaa isaatti qaboo yaa'iinfi xalayaa hojii gaggeessaa ta'uu ibsu dhiyaachuu qaba.
4) Waraqaa eenyummaa bakka buusaa dhihaachuu qaba.

**26. Aangoo bakka bu'ummaa abukaatoo**

Bakki bu'ummaa bu'ura (SDFS kewt.57) kennuuf ulaagaleen armaan gadi guutanii dhiyaachuu qaba.

1) Barreeffama bakka bu'ummaa akkaataa seeraatiin qophaa'e dhiyaachuu qaba
2) Waraqaa eenyummaa bakka buusaa dhiyaachuu qaba.
3) Namni aangoo bakka bu'uummaa kennuuf dhihaate mirga ykn aangoo qabaachuun isaa mirkanaa'uu qaba.
4) Waligaltee tajaajila abukaatummaa akkaataa seeraatiin raawwatame dhiyaatee mirkanaa'uu qaba.
5) Abukaatichi hayyama abukaatummaa haaromsame kan bara sanaa kan qabaachuutu irra jiraata.
6) Aangoo bakka bu'ummaa kan kennu waldaa yoo ta'e sanadootni kanneen akka barreeffamaa hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa, fi akka barbaachisummaa isaatti qaboo yaa'iin dhihaate.
7) Waligalteen tajaajila abukaatummaa raawwatame akka ragaatti dhihaatu qabiiyyeen isaa seeraa qabeessa ta'u qaba. Kana jechuun waligaltee keessatti kaffaltiin tajaajila abukaatummaatiif kaffalamu ilaalchisee falmiin qabeenya tilmaamu danda'u irratti kan gaggeeffamu yoo ta'e tilmaama qabeenyichaa keessaa **hanga %15** tii waligaluun kan danda'amu fi dhimmi falmiin irratti gaggeeffamu immoo dhimmaa

yakkaa ykn hariiroo hawaasaa tilmaamuu hin dandeenye irratti yoo ta'e kaffaltiin abukaatoof kaffalamu haala kamiinuu qarshii **50,000**/kuma shantama/ kan hin caallee ta'u qaba

8) waligaltee tajaajila abukaatummaa keessatti **durgoo oolmaa fi kan geejjibaa** jedhamee, akkasumas, qabeenya fi qabiyyee fudhachuu kan waligalame yoo ta'e seeraa duratti fudhatama kan hin qabaatu. waan ta'eef waligaltichi fudhatamuu hin qabu.

**27. Aangoo bakka bu'ummaa maatiif bu'ura SDFS kewt.58tiin kennuf**

Akkaataa barbaachisumaa isaattii bakka bu'umaa SDFS Kewt 58 tiin kennamu ulaaga armaan gadii guutuu qaba.

1) Barreeffamni bakka bu'ummaa akkaataa seeraatiin qophaa'ee dhihaachuu qaba
2) Bu'uura S/D/F/S/kewt.58 tiin ragaa bakka bu'aa fi bakka buusaan fira (maatii) ta'uu isaanii agarsiisuu dhiyaachuu qaba.
3) Namni aangoo bakka bu'uummaa kennuuf dhihaate mirga ykn aangoo qabaachuu isaa mirkaneessuu
4) Waraqaa eenyummaa bakka buusaa dhihaate
5) Bakka buusaa fi bakka bu'aan abbaa manaa fi haadha manaa yoo ta'an ragaa fuudhaa fi heerumaa qaama aangoo qabu irraa keennamee dhiheessuu qabu.
6) Ragaa bakka bu'ummaa irratti kan caqafame qabeenyi ykn mirgi addaa yoo jiraate, ragaa abbaa qabeenyummaa/mirgaa/ ta'uu mikaneessu dhiyeessuu.
7) Bu'uraa S/D/F/H/H kewt.58 tiin ragaan maatii ta'u ibsuu dhiyeesuun ossoo hin barbaachisiin waraqaa eenyummaa, bakka buusaa fi bakka bu'aan maatii ta'uu isaanii maqaa irraa kan hubatamu yoo ta'e ragaa biraa gaafachuun barbaachisaa miti.

**28. Aangoo bakka bu'ummaa haquuf (SHH kewt. 2226)**

Bakkaa bu'umaa kennamee haquuf ulaagawwan armaan gadii gutamuu qabu.

1) Barreeffama bakka bu'ummaa kaasuuf akkaataa seeraatiin qophaa'ee dhihaate
2) Waraqaa eenyummaa nama bakka bu'ummaa kaasu dhihaate
3) Aangoo bakka bu'uummaa akka ka'uuf barbaadame originaala ykn koppii isaa yoo jiraatee dhihaachuu qaba. Kun akkumaa eegameetti ta'e ragaan kun kan hin

jirre yoo ta’e bakka buusaan guyyaa ykn yeroo ragaan kun kenname ibsuun bakka bu’umaa isaa haquu ni danda’a.

4) Namni aangoo bakka bu’uummaa kaasuuf dhihaate mirga ykn aangoo qabaachuu qaba.
5) Bakka bu’ummaa kaasuun kun kan hojjatamu bakka duraan itti galmaa’etti ta’uu qaba

**29. Aangoo bakka bu’ummaa deebisuu ykn ofirraa kaasuu(SHH kewt.2229-1)**

1) Bakka bu’umaa deebisuu namnii dhiyaatuu ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba.
   (a) Barreeffama bakka bu’ummaa deebisuuf akkaataa seeraatiin qophaa’ee dhihaate
   (b) Namni aangoo bakka bu’ummaa deebisuu barbaaduu nama bakka isaa buuse sana beeksisuu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaa dha.
   (c) Bakka bu’aankun bakka buusaa isaa beeksisuu isaa jecha kakuutiin mirkaneessee dhiheessuu qaba.
2) Waraqaa eenyummaa nama bakka bu’ummaa deebisu dhihaate
3) Aangoo bakka bu’uummaa deebi’uufbarbaadame originaala ykn koppi isaa yoo jiraatee dhiheessuu qaba.
4) Ragaanarmaan olitti ibsaamee kun kan hin jirre yoo ta’e bakka bu’aan guyyaa ykn yeroo ragaan kun kenname ibsuun bakka bu’umaa isaa deebisuu danda’a**.**
5) Namni aangoo bakka bu’uummaa deebisuuf dhihaate mirga ykn aangoo qabaachuu qaba.
6) Bakka bu’ummaan deebi’u kun bakka duraan itti galmaa’etti ta’uu qaba

**30. Mirkaneessaa chaappaa,mallattoo fi sanada Ministeera Dhimma Alaa bu’ura (Labsii lakk.922/2008 kewt. 6 fi 12) tiin**

1) Sanada akka mirkanaa’u barbaadame originaalaa fi koppii isaa dhihaate
2) Sanadni dhihaate mallattoo, chaappaa mana hojii, titara maqaa abbaa aangoo fi gahee hojii isaa ibsu kan qabuu ta’uu qaba
3) Saamuudni(naamunaan) chaappaa fi mallattoo sanada dhihaate irraa jiru mana hojii keenya keessatti galmaa’ee kan jiru ta’uu isaa mirkaneeffachuu
4) Waraqaa eenyummaa nama sanadicha qabatee dhihaatee

**31. Galmeessaa waliigaltee gahee gadi lakkisuu (contract of Renunciation)(SHH kewt. 1260, 1261 fi 983)**

1) Waliigaltee akkaataa seeraatiin qophaa’ee dhiyaate
2) Waliigaltichi qabeenya ykn mirga addaa kan ilaallatu yoo ta’e ragaa abbaa qabeenyummaa waliinii dhihaate
3) Waraqaa eenyummaa waliigaltootaa fi ragaa baatootaa dhihaate
4) Gahee kan gadi lakkisu dhaabbata daldalaa yoo ta’an, akkuma barbaachisummaa isaatti kiliraansii Abbaa Taayitaa Galiiwwan irraa kenname dhihaate
5) Gahee kan gadi lakkisuu waldaa daldalaa yoo ta’e barreeffama hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa fi akka barbaachisummaa isaatti qaboo yaa’iin dhihaachuu qaba.
6) Dhorkaa fi idaa irraa bilisa ta’u isaa
7) Gahee kan gadi lakkisu gaa’ila kan qabu yoo ta’e ragaa fuudhaa fi heerumaa, abbaan manaa /haati manaa waligaltee kanaaf fedhii qabaachuu isaa/ishii ibsuu ykn aangoo bakka bu’ummaa dhimma kana irratti kenname yoo jiraate ykn gaa’ila kan hin qabne yoo ta’e ragaa gaa’ila irraa bilisa ta’uu ibsu kan qaama aangoo qabu irraa kennamee dhihaachu qaba.
8) Namni gahee gadi lakkisuu mirga ykn aangoo qabaachuu qaba.

**32. Galmeessaa dhaamoo (public will)**

Dhaamoo ifatti kennamu galmeessuuf (SHH kewt.881) ulaagaleen armaan gadii guutamuu qabu.

1) Barreeffamni dhaamoo akkaataa seeraatiin qophaa’e dhiyaachuu qaba.
2) Dhaamoon kan kennamu nama dhaamoo kennuu qofaan ta’uu qaba.
3) Ragaa baatoninamootaa lamaa dhiyaachuu qabu.
4) Dhaamoo kenname irraatti kan ibsame qabeenyi yoo jiraatee ragaa abbaa qabeenyummaa waliin dhihaachuu qaba
5) Waraqaa eenyummaanama dhaamoo raawwatee fi ragaa baatootaadhihaate galmeen walqabachuu qaba.

**33. Dhaamoo ifatti kenname bu’uraa SHH kewt.898tin diiguu**

Dhammoo ifaattii kennamee diguun galmeessaamuun ni danda’a kanafiis ulaagaalee armaan gadii gutaanii dhiyaachuu qabu.

1) Barreeffamni dhaamoo kenname diiguuf akkaataa seeraatiin qophaa'ee dhiyaachuu qaba.
2) Dhaamoo kenname kan diiguu nama dhaamoo sana kenne qofaa ta'uusaa qaba.
3) Ragaa baatota namootaa lama dhiyaachuu qabu.
4) Waraqaa eenyummaa nama dhaamoo diiguu fi ragaa baatootaa dhiyaataa galmeen wal qabachuu qaba.
5) Dhaamoon kenname kan diigamu bakkuma dhaamochi duraan itti kennametti ta'a.

**34. Galmeessaa waliigaltee waliin hojjachuu (partnership contracts)**

1) Waliigaltee akkaataa seeraatiin qophaa'ee dhiyaachuu qaba.
2) Waliigaltee taasifame irraatti kan ibsame qabeenyi adda yoo jiraatee ragaa abbaa qabeenyummaa dhihaachuu qaba
3) Kan waliin hojjachuuf waliigale waldaalee daldalaa yoo ta'an hayyama daldalaa haaromsame, barreeffama hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa fi akkuma barbaachisummaa isaatti qaboo yaa'ii dhiyaachuu qaba.
4) Waraqaa eenyummaa waliigaltootaa fi ragaa baatootaa dhiyaachuu qaba.

**35. Galmeessa waldaalee daldalaabu'ura Seera Daldalaa kewt.284, 298, 313 fi 517ttin kennuuf**

1) Moggaasa maqaa waldaa daldalaa kan waajjiraalee ykn Biiroo Daldala irraa kenname dhiyaachuu qaba.
2) Barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaataayoo xiqqaate koppii sadiin dhihaate
3) Barreeffamni hundeeffamaa waldaalee daldalaa qabiyyee kanaa gadii qabaachuu qaba,
   - (a) Kaayyoo waldichaa,
   - (b) Kaappitaala waldichaa(baayina aksiyoonaa, gatiin aksiyoona tokko, kaapitaalli waliigala)
   - (c) Buusiin gosaan galii ta'ee yoo jiraatee akaakuu buusii godhamee, teessoo qabeenyichi itti argamu, idaa fi dhorka irraa bilisa ta'u kan ibsu ragaa dhihaate
   - (d) Teessoo waldichaa
   - (e) Maqaa guutuu miseensota waldichaa, lammummaa fi teessoo isaanii

(f) Waldaan daldalaa hundaa’e waldaa aksiyoonaa yoo ta’e maqaan boordii daarektarootaa caqasamu qaba.

4) Waraqaa eenyummaa miseensota waldichaa dhihaate galmeen wal qabachuu qaba.
5) Barreeffama hundeeffamaa ykn dambii ittiin bulmaataa irraatti kan ibsame buusiin akaakuu (contribution in kind) yoo jiraate ragaa abbaa qabeenyummaa mirkaneessuu dhiyeessuu, gaa’ila kan qabu yoo ta’e ragaa fuudhaa fi heerumaa, haati manaa/abbaan manaa waligaltee kanaaf fedhii qabaachuu ishii/isaa ibsuu ykn aangoo bakka bu’ummaa dhimma kana irratti kenname yoo jiraate ykn gaa’ila kan hin qabne yoo ta’e ragaa gaa’ila irraa bilisa ta’uu ibsu kan qaama aangoo qabu irraa kennamee dhihaate
6) Namootni mallatteessan miseensa waldichaa ta’uu ykn aangoo qabaachuu qaba.
7) Miseensa waldichaa keessaa daa’imni umuriin hin geenye yoo jiraate ragaa dhalootaa ykn ragaa guddistummaa M/Murtiitiin kenname jiraachuu qaba.

**36. Mirkaneessa qaboo yaa’iiwaldaalee daldalaa Seeraa Daldalaa kewt. 224tiin dhiyaatuu mirkaneesuuf**

1) Qaboo yaa’ii akkaataa seeraatiin qophaa’eyoo xiqqaate koppii sadiin dhiyachuu qaba.
2) Qaboon yaa’ii jijjiirraa maqaa kan ilaallatu yoo ta’e, xalayaa jijjiraa maqaa ibsu waajiraalee ykn biiroo daldalaa irraa dhiyaachuu qaba, akkasumas, kiliraansii Abbaa Taayitaa Galiiwwani irraa dhiyaachuu qaba.
3) Qaboo yaa’ii raawwatame buusii akaakuu raawwachuu yoo ta’e (contribution in kind) yoo jiraate raga abbaa qabeenyummaa mirkaneessuu dhiyeessuu, kan buusii raawwate gaa’ila kan qabu yoo ta’e ragaa fuudhaa fi heerumaa, haati manaa/abbaan manaa isaa waligaltee kanaaf fedhii qabaachuu ishii/isaa ibsuu ykn aangoo bakka bu’ummaa dhimma kana irratti kenname yoo jiraate ykn gaa’ila kan hin qabne yoo ta’e ragaa gaa’ila irraa bilisa ta’uu ibsu kan qaama aangoo qabu irraa kennamee dhiyaachuu qaba.
4) Qaboo yaa’iin dhimma aksiyoona dabarsuu yoo ta’e kiliraansii Abbaa Taayitaa Galiiwwanii irraa dhihaachuu qaba.
5) Qaboo yaa’ii irratti namni gaa’ilaaf hin geenye miseensa ta’ee yoo jiraate waraqaan ragaa dhalootaa ykn ragaan mana murtii jiraachuu qaba

6) Namootni qaboo yaa'ii irratti mallatteessan miseensa waldichaa ta'uu ykn aangoo qabaachuu qabu.
7) Waraqaa eenymmaa miseensoota qaboo yaa'ii irratti hirmaataniihundi dhiyaachuu qaba.
8) Hayyamnni daldalaa waldichaa bara baajata sanaatiif haaromsame qaboo yaa'ii waliin dhihaachuu qaba.
9) Qaboo yaa'ii waldaalee daldalaa kan galmaa'uu qabaatu bakkuma galmeen waldichaa jirutti ta'a.

**37. Galmeessa walda daldala IMX** galmeesuuf

1) Moggaasa maqaa waldaa daldalaa kan Waajjiraalee Daldala irraa kenname dhiyaachuu qaba.
2) Barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaataa koppii sadiin dhiyaachuu qaba.
3) Barreeffamni hundeeffamaa waldaalee daldalaa IMX qabiyyee kanaa gadii qabaachuu qaba.

(a) kaayyoo waldichaa,

(b) kaappitaala waldichaa(baay'ina aksiyoonaa, gatiin aksiyoona tokko, kaapitaalli walii gala)

4) Waraqaa eenyummaa miseensota waldichaa dhihaate
5) Namootni mallatteessan miseensa waldichaa ta'uu ykn aangoo qabaachuu qabu.

**38. Mirkaneessa qaboo yaa'ii waldaalee daldalaa IMX**

1) Qaboo yaa'ii akkaataa seeraatiin qophaa'e koppii sadiin dhihaate
2) Qaboon yaa'ii jijjiirraa maqaa kan ilaallatu yoo ta'e, xalayaa jijjiraa maqaa ibsu Waajiraalee Daldalaa irraa dhihaate
3) Qaboo yaa'iin dhimma aksiyoona dabarsuu yoo ta'e kiliraansii Abbaa Taayitaa Galiiwwanii irraa dhihaachuu qaba.
4) Namootni qaboo yaa'ii irratti mallatteessan miseensa waldichaa ta'uu ykn aangoo qabaachuu qabu.
5) Waraqaa eenymmaa miseensoota qaboo yaa'ii irratti hirmaatanii
6) Qaboo yaa'ii waldaalee daldalaa kan galmaa'uu qabaatu bakkuma galmeen waldichaa jirutti ta'a.

**39. Mirkaneessaa seera qabeessummaa turjumaana(Labsii lakk.922/2008 kewt.8/3/)**

1) Qaamni hiikkaa afaanii raawwatee hayyama hojichaa kan qabu ta'uu
2) Naamuunaan ykn samuudni mallattoo fi chaappaa qaama hiikka afaanii raawwatee mana hojiikeenya keessa kan jiru ta'uu mirkaneeffachuu
3) Jecha kakuu nama hiikkaa raawwate dhihaate
4) Sanada hiikkaan afaanii irraa raawwatame originaalaa isaa fisanada turjumaaname ykn hiikame koppii lamaan dhihaate

**40. Galmeessa waligaltee liqii(SHH kewt.2471)**

1) Waligaltee akkaataa seeraatiin qophaa'ee dhihaachuu qaba.
2) Waligaltee raawwattootni mirga ykn aangoo qabaachuu qabu.
3) Waligaltee raawwattootni gaa'ila kan qaban yoo ta'e ragaa fuudhaa fi heerumaa, haati manaa/abbaan manaa isaanii waligaltee kanaaf fedhii qabaachuu ishii/isaa ibsuu ykn aangoo bakka bu'ummaa dhimma kana irratti kenname yoo jiraate ykn gaa'ila kan hin qabne yoo ta'e ragaa gaa'ila irraa bilisa ta'uu ibsu kan qaama aangoo qabu irraa kennamee dhiyaachuu qaba.
4) Waligaltee raawwattootni waldaalee daldalaa yoo ta'an barreeffama hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa, akkuma barbaachisummaa isaatti qaboo yaa'ii fi hayyama daldalaa haaromsame dhiyaachuu qaba.
5) Waraqaa eenyummaa qaama waliigaltee raawwatee fi ragaa baatotaa dhihaate

**41. Galmeessaa waliigalteewwan biroo/adda addaa/(SHH kewt.1675, 1678………)**

1) Waligaltee akkaataa seeraatiin qophaa'ee dhiyaachuu qaba.
2) Waligaltee raawwattootni mirga ykn aangoo qabaachuu isaanii mirkaneeffamuu qaba.
3) Waligaltee raawwattootni gaa'ila kan qaban yoo ta'e ragaa fuudhaa fi heerumaa, haati manaa/abbaan manaa isaanii waligaltee kanaaf fedhii qabaachuu ishii/isaa ibsuu ykn aangoo bakka bu'ummaa dhimma kana irratti kenname yoo jiraate ykn gaa'ila kan hin qabne yoo ta'e ragaa gaa'ila irraa bilisa ta'uu ibsu kan qaama aangoo qabu irraa kennamee dhiyaachuu qaba.

4) Waligaltee raawwattootni waldaalee daldalaa yoo ta’an barreeffama hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa, akkuma barbaachisummaa isaatti qaboo yaa’ii fi hayyama daldalaa haaromsame dhihaachuu qaba.
5) Waligaltee raawwattootni dhaabbilee biroo (fkn-waldaa bu’aa malee) yoo ta’an sanadootni kanneen akka hayyama haaromsame, danbii ittiin bulmaataa fi xalayaa hojii gaggeessaa ta’uu ibsu dhihaachuu qabu.
6) Waraqaa eenyummaa qaama waliigaltee raawwatee fi ragaa baatotaa dhihaate
7) Waliigaltichi qabeenya ykn mirga adda kan ilaallatu yoo ta’e, ragaa abbaa qabeenyummaa ta’uu mirkaneessuu dhiyaate
8) Akaakuu qabeenya waliigalteen irratti raawwatamee hubannoo keessa galchuun akkumaa barbaachisummaa isaatti waraqaa qulqullummaa (clearance) dhihaachuu qaba.

**42. Mirkaneessa koppii sanadoota adda addaa(Labsii lakk.922/2008 kewt.12)**

1) Sanadni mirkanaa’u kan qaama seerummaa qabuutiin kenname ta’uusaa mirkaneeffachuu
2) Sanadni dhihaatu originaalaa fi koppii isaa lama waliin dhihaachuu isaa mirkaneeffachuu
3) Waraqaa eenyummaa nama sanadicha qabatee dhihaate
4) Namni sanadicha qabatee dhihaate mirga ykn aangoo kan qabu ta’uusaa mirkaneeffachuu
5) Koppii sanadichaa irratti originaala waliin ilaalameera jechuun barreessuun sanadicha mirkaneessuu

**43. Sanadoota duraan kennaman mirkaneessuu(Labsii lakk.922/2008 kewt.11)**

**1)** Sanadni akka mirkanaa’u barbaadamedhihaate
**2)** Sanadni akka mirkanaa’u barbaadame Mana Hojii keenya irraa kan kenname yoo ta’e sanada dhihaate mirkaneessuu
**3)** Waraqaa eenyummaa nama sanadicha qabatee dhihaate
**4)** Namni sanadicha qabatee dhihaate mirga ykn aangoo kan qabu ta’uusaa mirkaneeffachuu

**44. Mirkaneessa sanadoota badanii**

1) Namni sanadni na jalaa bade jedhe iyyatu mirga ykn aangoo kan qabu isaa mirkaneeffachuu

2) Sanadni bade jedhame Mana Hojii keenya irraa kan kenname ta’uusaa mirkaneeffachuu
3) Sanadni bade jedhame kan Mana Hojii keenya irraa kan kenname ta’uunsaa yoo mirkanaa’e sanadicha koppii gochuun originala waliin ilaalamuu isaa mirkaneessuun maamilaaf kennu
4) Waraqaa eenyummaa nama sanadni na jalaa bade jedhee dhihaate

**45. Galmeessa waligaltee fooyya’e ykn diigame (SHH kewt. 1696,1808, 1819….,**

1) Waligaltee akkaataa seeraatiin qophaa’ee dhihaate
2) Waligalteen duraa kan Mana Hojii keenyatti galmaa’ee ta’uusaa mirkaneeffachuu
3) Waligalticha kan fooyyeessan ykn diigan mirga ykn aangoo qabaachuu isaanii mirkaneeffachuu
4) Waligaltee fooyyeessuu ykn diiguun qabeenya hin sochoonee kan ilaallatu yoo ta’e ragaa baatotni lama kan dhihaatan ta’uu
5) Waligaltee fooyyeessan ykn diigan waldaalee daldalaa yoo ta’an barreeffama hundeeffamaa, danbii ittiin bulmaataa, akkuma barbaachisummaa isaatti qaboo yaa’ii fi hayyama daldalaa haaromsame dhihaachuu qaba.
6) Waraqaa eenyummaa namoota waligaltee fooyyeessan ykn diiganii fi ragaa baatotaa

**46. Galmeessa Waligaltee walitti makamuu waldaalee daldalaa(Seera Daldalaa kewt.549, Labsii lakk.813/2006 kewt.9/3/)**

1) Waldaaleen qaama seerummaa qaban lama ykn lamaa ol ta’an bu’uura seeraatiin walitti makamuu ni danda’u.
2) Tokkoon tokkoon isaanii walitti makamuu akka barbaadan mata mataan walgahii godhanii murtiin dabarsan qaboo yaa’iitiin kan mirkanaa’ee jiraachuu qaba.
3) Waldaaleen walitti makamuu barbaadan galmeen haadhoo isaanii Mana Hojii keessatti kan argamu ta’uusaa mirkaneeffachuu ykn Mana Hojii garaagaraa keessatti kan argamu yoo ta’e galmeen haadhoo gara Mana Hojii waligaltee walitti makamuu galmeessuuf deemuutti naanneffachuu qabu.
4) Waldaaleen walitti makaman mata mataan barreeffama hundeeffama, danbii ittiin bulmaataa fi qaboo yaa’ii duraanii dhiheessuu qaba

5) Waldaaleen walitti makamanu bu’uuruma mata mataan murteessaniin waligahii waliinii tokko gaggeessanii murtii walitti makamuu mirkaneessuu qabu. Murtii isaanii kanaanis:

(a) Moggaasa maqaa waldaa haaraa;

(b) Teessoo isaa;
(c) Kaayyoo isaa;
(d) Kaappitaala;
(e) Gaggeessaa hojii haaraa filachuu
(f) Barreeffamni hundeeffamaa fi dambiin ittiin bulmaataa waldaa haaraan qophaa’uutu irra jiraata.

6) Waraqaa eenyummaa miseensota waldaa haaraa
7) Waldaaleen daldalaa waliiti makamuuf jedhan mata mataan waraqaa qulqullinaa Abbaa Taayitaa Galiiwwanii irraa dhiheessuu qabu
8) Waldaaleen walitti makamuudhaan waldaan hundaa’u akka haaraatti galmaa’uutu irra jiraata.
9) Kaapitalii isaanii yeroo walittii makkamaan qar. 30,000,000 yoo ta’e Xalayaa deeggarsa ejensi eegumsa shamattootaa fi waldorgmii daldalaa irraa dhihaate

**47. Waligaltee diigamuu waldaalee daldaalaa(Seera Daldalaa kewt. 217, 495, 542)**

1) Waliigalteen waldaalee daldalaa ijaaramanii turan diiguuf taasifamu bakkuma galmeen haadhoo waldichaa jirutti ta’uutu irra jiraata.
2) Qaboo yaa’ii miseensonni waliigalanii murtii diiguu dabarsan dhiyaachuu qaba
3) Waraqaa eenyummaa miseensota waldichaa
4) Waldaaleen daldalaa diigamu waraqaa qulqullinaa Abbaa Taayitaa Galiiwwanii irraa dhiheessuu qaba
5) Dhorkaa fi idaa irraa bilisa galmee waldichaa keessaa qulqulleessuu
6) Namootni qaboo yaa’ii irratti mallatteessan miseensa waldichaa ta’uu ykn aangoo qabaachuu isaa mirkaneessuu

**48. Waliigaltee gosa isaanii jijjiiruu waldaalee daldaalaa(Seera Daldalaa kewt.545 fi 547)**

1) Waldaan daldaalaa tokko gara waldaalaa akaakuu birootti (fknf. ‘PLC’n gara Waldaa Aksiyoonaatti) jijjiiramuu ni danda’a.
2) Waliigalteen waldaalee daldalaa ijaaramanii turan gosa isaani jijjiruuf taasifamu bakkuma galmeen haadhoo waldichaa jirutti ta’uutu irra jiraata.
3) Miseensotni waldichaa irratti walii galuu isaanii kan agarsiisu qaboon yaa’ii mirkanaa’e jiraachuu qaba.
4) Dhorkaa fi idaa irraa bilisa ta’uu galmee waldichaa keessaa qulqulleessuu
5) Waraqaa qulqullina/kiliraansii/ Abbaa Taayitaa Galiiwwan irraa kenname;
6) Jijjiiramamoggaaffama maqaa ilaalchisee xalayaan Biiroo ykn Waajjiraalee Daldaalaa irraa kennamedhihaachu qaba
7) Barreeffamni hundeeffamaa fi dambiin ittiin bulmaataa waldaa foyyaa’e
8) Waraqaa eenyummaa miseensota walgahii irratti argamanii.
9) Namootni qaboo yaa’ii irratti mallatteessan miseensa waldichaa ta’uu ykn aangoo qabaachuu isaa mirkaneessuu

**49. Galmeessa dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa (Labsii lakk.182/2005 kewt. 17)**

1) Abukaatooonni dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa hundeessan sadarkaan hayyamni isaani kan wal gitu ta’uu qaba.
2) Barreeffama hundeeffama fi dambii ittiin bulmaata dhaabbata dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa;
3) Footo koppii hayyama abukaatummaa ittigaafatamaa(hojii gaggeessa dhaabbatichaa) fi miseensota dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa.
4) Moggaaffama maqaa Biiroo ykn Waajjiraalee daldalaa irraa kenname

## Boqonnaa Afur

## Kennaa fi Haaromsa hayyamaa

**50. Hayyama Abukaatoo**

1) Ragaa barnootaa seeraa fi muuxannoo hojii abbaa seerummaan ykn abbaa alangummaan ykn barsiisaa seeraatiin waggaa jahaa ol yoo qabaate kallattin argata.

2) A/Alangaa, A/Seeraa fi Barsiisaa seeraa ta’ee muuxannoo hojii waggaa jahaa gadi kan qaban yoo ta’e immoo qorumsa fudhate darbuuqaba.

3) Namoonni  muuxannoon hojii isaaniiqo’ataa seeraa, abukaatoo ittisaa yookiin abukaatoo dhuunfaa, gorsaa seeraa, eksipertii seeraa yookiin dubbii fixaa ta’an qorumsa fudhatani hayyama darbuu qabu

4) Hayyama sadarkaa 1ffaa tiif muuxannoon hojii dippiloomaaf waggaa 8, LLB’f waggaa 6, LLM’f waggaa 4 fi Phd’f immoo waggaa 2 ta’uu kan qaba.

5) Hayyama sadarkaa 2ffaa tiif immoo muuxannoon hojii dippiloomaaf waggaa 6, LLB’f waggaa 4, LLM’f  waggaa 2 fi Phd’f immoo waggaa 1 ta’uu isaa hubachuu;

6) Ragaan barnootaa seeraa LLM osoo hin dabalatiin dippiloomaa fi LLB bara 2003 irraa eegalee kan kenname yoo ta’e qorumsa gahumsa ogummaa/Exit Exam/ kan qabu ta’uu qaba.

7) Ragaa Barnootaa originaalii kopii waliin  dhiyeefachuu qaba.

8) Muuxannoon hojii dhihaatu kan manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee biroo qaama seerummaa qaban irratti dhabbataa dhaan kan tajaajiilee ta’e gibiraa galii mindaa isaa irraa cituu kan agarsiisuu ragaan  dhiyyachuu qaba

9) Mindaa kaffalamaa turee irraa gibirri hojii citaa kan ture ta’uusaa ragaa ibsudhiyeesachuu  qaba.

10) Afaan hojii naannichaa (afaan Oromoo) sirriitti dhaga’uu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu kan danda’u

11) Xalayaan hojii kan gadi lakkise ta’uu dhihaachuu qaba

12) Naamusa ilaalchisee ragaa qulqullummaa dhiyaatu:

(a) Naamusa dhabummaa wajjiin wal-qabatee yakka raawwaateen himatamee waggoottan afran darban keessaatti kan hin adabamne;

(b) Balleessaa maamusaa cimaan himatameewaggoottan lamaan darban keessatti kan hin adabamin ta’uu

(c) Abbaa seeraa ta’ekan naamusaan adabamee yoo ta’e ragaa deebisee mogaasamuu isaa ibsuu dhiyeefachuu qaba.

(d) Adabbiin namayakkaan ykn hir’ina naamusaatiin adabamee guyyaa tarkaanfii bulchiinsaatiin ykn murtii mana murtiitiin balleessaa (convict) jedhamuudhaan murtiin irratti kennamee eegalee kan lakkaa’amu  ta’a.

**51. Kennaa hayyama abukaatummaa dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa**

1) Hayyama abukaatummaa argachuuf iyyata mana hojichaatti dhihaate
2) Abukaatooonni dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa hundeessan sadarkaan hayyamni isaani kan wal gitu ta'uu qaba
3) Dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa galmaa'uu isaa kan agarsiisuu ragaa dhiyaachuu qaba
4) Naamusa ilaalchisee miseensonni hundi balleessaa maamusaa cimaan himatamanii waggoottan lamaan darban keessatti Gumiin kan hin adabamin ta'uu qabu
5) Bara baajata sana keessatti miseensonni hundi hayyama dhuunfaa isaanii kan haaromsatan ta'uu qabu
6) Miseensotni hundi yakkaanhimatamanii waggottan afran darban keessaatti kan hin adabamne ta'uu isaanii ashaaraan kan mirkaneessame ta'u qaba.

**52. Haaromsa Hayyamaa Abukaatoo fi dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa argachuuf**

1) Naga'ee gibiraa bara sanaa kan itti kaffalamee dhihaachuu qaba
2) Dabtaraa hayyama abukaatummaa dhihaachuu qaba
3) Namoota harkaa qalleeyyii ta'uun kaffaltiin tajaajilamuun itti ulfaatuuf waggaatti sa'aatti **50 fi sanaol** tajaajila bilisaa kennuuisaaf ragaa dhiyeefachuu qabu.
4) Leenjii Mana Hojii Abbaa Alangaa tiinbara sana keessakenname fudhachuu isaa ragaaagarsiisu dhiyaachuu qaba.

**53. Kennaa hayyama waldaa bu'aa malee**

1) Xalayaan deeggarsaamana hojii mootummaa ilaallatu irraa dhiyaachuu qaba.
2) Dambii ittiin bulmataaakkaataa seeraatiin qophaa'ee dhiyaachuu qaba.
3) Qaboo yaa'ii gaggeessitootni ittiin filataman koppii sadiin dhiyaachuu qaba.
4) Piropoozaala hojichaa /Project proposal or Business Plan/kan maddaa galii waldichaa ibsuu dhiyaachuu qaba.
5) Qabeenya ilaalchisee waanti caqasame yoo jiraate ragaa abbaa qabeenyummaa dhiyaachuu qaba
6) Waraqaan eenyummaa miseensoota hundaa dhiyaachuu

**54. Haaromsa hayyama walda bu'aa malee**

1) Gabaasini raawwii hojii barasanaa qophaa'ee dhiyaachuu qaba.
2) Xalayaa deeggarsaa mana mootumma hojiin sun hojjatamuu isaa mirkaneessuu danda'u irraa fi manneenn hojii godina ykn Aanaa keesaatii hojjatan irraa dhiyaachuu qaba.
3) Gabaasa bu'aa oodiitii **qarshii 50,000** gadi yoo ta'e odiitara keessaatiin hojjatame, qarshii **50,000 ol yoo ta'e** ooditara MWD tiin hojjetame dhiyaachuu qaba.
4) Karoora  hojii bara itti aanuu qophaa'ee dhiyaachuu qaba.

**55. Mirkaneessa qaboo yaa'ii waldaa bu'aa malee**

1) Qaboo yaa'ii akkaataa seeraatiin qophaa'ee dhiyaachuu qaba.
2) Waraqaa eenyummaa miseensoota qaboo yaa'ii irratti galmee waliin dhiyaachuu qaba.
3) Hayyamniwaldichaabara hojii sana keessaa  kan haaromsame ta'u qaba.
4) Qaboon yaa'ii godhame diigamuu waldichaa kan ilaallatu yoo ta'e kiliraansii Waajjira MWD fi, akka barbaachisummaa isaatti, Abbaa Taayitaa Galiiwwanii irraa dhiyaachuu qaba.
5) Qaboon yaa'ii waldaa bu'aa malee kan galmaa'u bakkuma galmeen haadhoo waldichaa argamutti qofaa ta'uu qaba.

**56. Kennaa hayyama barreessitoota dhimma seeraa**

1) Namni eyyamaa barreessaa dhimma seeraa Naannichaa fudhatu Afaan hojii Naannichaa sirriitti dubachuu barresuu fi dubbisuu kan danda'u ta'u qaba.
2) Heeraa fi seera biyyattii fi Naannichaa kan kabajuu fi kabachiisu ta'uusaa,
3) Sadarkaan barumsaa isaa kutaa **10 fi isaa ol** ta'u isaa ragaa agarsiisu;
4) Muuxannoo hojii ilaalchisee Leenjii dhimma seeraa wajjiin walqabate kan ji'a sadii gadi hin taane fudhachuu isaa ragaa agarsiisu, yookiin muuxannoo ogummaa tajaajila seeraa wajjiin wal qabatu kan waggaa tokko qabaachuu isaa ragaa agarsiisu, yookiin hojii barreessuu dhimma seeraa waggoota sadan walitti aananii jiraniif hojjachaa jiraachuu isaa ragaa agarsiisuu, yookiin barumsa seeraa qabaachuu isaa ragaa agarsiisu kan dhiyeeffachu qaba.
5) Naamusa gaarii qabaachuu isaa ragaan agarsiisuu dhiyaachuu qaba.

6) Hayyama fudhachuuf kaffaltii murtaa’e kan kaffaluuqaba.
7) Hojii mootummaa kan hin qabne ta’uu isaa ragaan agarsiisu dhiyaachuu qaba.

**57. Kennaa hayyama waldaa barreessitoota dhimma seeraa**

1) Namootni ulaagaa Labsii lakk.182/2005 keewwata 60 jalatti tumame guutan Godina itti hojjatan keessatti waldaadhaan gurmaa’anii hayyama Waajjira Haqaa Godinaa irraa fudhatanii hojjachuu ni danda’u.
2) Baay’inni miseensota waldaa barreessitoota dhimma seeraa nama lamaa fi isaa ol ta’uu qaba.
3) Miseensootni waldaa kana keessatti hammataman hundi ulaagaa labsii lakk.182/2005 kewt.60 jalatti tumame kan guutan ta’uu qaba. Miseensonniwaldichaa hundi ulaagaa barreessitoota dhimma seeraa armaan olitti ibsame guutuu qabu.
4) Dambii ittiin bulmaata waldichaa akkaataa seeraatiin qophaa’eesani dhiyeefachuu qabu
5) Dambiin ittiin bulmaata waldaan barreessitoota dhimma seeraa Waajjira Abbaa Alangaa Godinaatti galmaa’uu isaa kan agarsiisuu ragaan dhiyaachuu qaba.

**58. Haaromsa hayyama barreessitoota fi waldaa dhimma seeraa**

1) Nagahee gibira Mootummaa kaffaluu isaaagarsiisu dhiyaachuu qaba.
2) Dabtara hayyama tajaajila barreessa dhimma seeraa dhiyaachuu qaba.

**59. Komii naamusaa dhihaate simatanii hojjachuu**

1) Abbaa dhimmaa komii naamusaa dhiheeffatu afaaninis barrefamaniis dhiyyefachuu ni danda.a
2) Komiin dhihaate afaaniin yoo ta’e guca qophaa’e irratti galmeessuun qabamuu qaba.
3) Ragaa maamilli fidachuu qabu yoo jiraate akka guyyaa 15 kessaatii akka fidatu taasifamuu qaba.
4) Namni komii dhiheessu mirga ykn aangoo bakka bu’ummaanqabaachuu isaa mirkaneeffamuu
5) Dhimmi komeen irrattii dhiyaatuu dhimmaa xumuraa argatee ta’u qaba.

6) Ragaan barbaachisu qulqullaa'ee yoo dhihaate komii ykn eeruu abbaa dhimmaa Gumiif dhiheessuufA/Alangaa guyyaa ragaan qulqullaa'ee dhihaatee irraa kaasee ji'a tokko keessatti komii abbaa dhimmaa Gumiif dhiheessuu qaba.
7) Komii abukaatoo irratti dhihaateef gumiin murtii kan kennuu yoo bay'ate hanga ji'a 3 tti ta,u qaba. Hata'u malee akkataa ulfatinaa fi walxaxiinsa dhimichaatiin Ji'a 3 ol kan fudhatuu ta'u danda'a.

**60. Kenninsa tajaajila deeggarsa seeraa bilisaa**

1) Namnii tajaajila deegarsaa seera bilisaa argatu ragaa heyyumaa qaama dhimma ilaalu irra dhiyeefachuu qaba.
2) Ragaa hiyyummaa abbaan dhimmaa dhiheesse qulqulleessuu
3) Waraqaa eenyummaa nama tajaajila deeggarsa seeraa bilisaa barbaaduu waliin wal qabachuu qaba.
4) Namni iyyata dhiheeffate mirga ykn aangoo bakka bu'ummaa qabaachuu isaa mirkaneeffachuu .

## Boqonnaa Shan

## Gahee Hojii Raawwattoota Daayirektoreetichaa Hanga Sadarkaa Gadiitti

**61. Gahee Hojii Daarektara Daarektoreetichaa**

1) Itti waamamni Daayirekteera daarektoreetii hojii mirkaneessaa, galmeessaa sanadootaa fi kennaa hayyamaa I/A/A/A/Waliigalaa fi Itti gaafatamaa damee Daarektoreetii Mirkaneessaa Sanadootaa fi Wixinee Seeraatiif ta'a.
2) Karoora Mana Hojichaa irraa ka'uun karoora daayirektoreetichaa fi garee kennaa hayyamaa fi hordoffii ni qopheessa, ni mirkaneessisa, gareeleef caccabsee ni kenna, hojiirra oolmaa fi raawwannaa kaároorichaa ni hordofa.
3) Hojiiwwan daayirektoreetichaa ol'aantummaan ni qajeelcha, ni qindeessa, ni hordofa, ni deeggara, ni gamaggama, bu'a qabeessummaa raawwii hojiiwwanii ni mirkaneessa,
4) Hojiiwwan garee Kennee Hayyamaa fi hordoffii ol'aantummaan ni qajeelcha, ni qindeessa, ni hordofa, ni deeggara, ni gamaggama, bu'a qabeessummaa raawwii hojiiwwanii ni mirkaneessa,
5) Dhimma hojii ilaalchisee qaama olaanaa ni mariisisa; raawwii isaas ni hordofa.

6) Meeshaalee hojichaaf barbaachisaan garee hojichaatiif ni dhiyeessa.
7) Gareewwan daarektoreetiichaa bakka bu’uun maanajimantii keessatti ni hirmaata.
8) Miseenota gareewwanii ni leenjisa ni gorsa
9) Raawwii hojii gareewwanii ni madaala, tarkaanfiis ni fudhata.
10) Hojmaata bulchiinsa qabeenyaa ni hordofa,qaawa/rakkoolee raawwii keessatti uumaman gamaggamuun tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa.
11) Maanuwaalotni fi qajeelfamootni hojii daayirektoreetichaa bu’a qabeessa akka ta’u dandeessisan akka qophaa’an ni taasisa,yeroo yeroon ni fooyyessa/akka fooyya’u ni taasisa.
12) Hojmaata, qojeelfamoota fi maanuwaalota hojii daayirektoreetichaa haara qophaa’an irratti ogeessotni leenjii akka argatan ni taasisa,bu’aa leenjii ni hordofa,ni to’ata.
13) Hojiin daayirektoreetichaa bu’uura hojmaata,qajeelfamootaa fi maanuwaalota jiraniin gaggeeffamaa/raawwatamaa jiraachuu ni hordofa.
14) Hojmaata daayirektoreetichaa ilaalchisee muuxannoowwan gaggaariin keessaa fi alaa akka fudhatamuu fi wal-jijjiramuuf haala ni mijeessa.
15) Hojii daayirektoreetichaa bu’a qabeessa kan taasisan muuxannoowwan gaggaarii biyya keessaa fi alaa qindeessuun hojmaaticha ni fooyyessa.
16) Hojiileen kennaa hayyama fi haaromsa hayyama abukaatoo fi Dhaabbilee miti mootummaa fi waldaalee bu’amalee ulaagaalee seeraan taa’ee fi hojimaata diriire qofa hordofanii akka raawwatamu ni taasisa, ni hordofa, ni qajeelcha.
17) Dhaabbilee miti mootummaa fi waldaalee bu’a malee naannoo fi mootummaa Federaalaa irraa hayyama fudhatanii sochii isaanii naannoo keenya keessatti gaggeessaa jiran akkaataa kaayyoo isaaniitii fi waliigaltee pirojektootaa mallatteessaniitiin kan raawwataa jiran ta’uu qaama ilaallatu waliin qindoomina uumuun ni hordofa, ni too’ata, bakka hanqinni mul’atetti tarkaaniffiin sirreeffama akka fudhatamu ni taasisa.
18) Abukaatotni naannichaa akkaataa labsii fi danbii abukaatoo naannoo keenyaatiin tajaajila kan kennaa jiran ta’uu qaama ilaallatu waliin qindoomina

uumuun ni hordofa, ni too’ata, bakka hanqinni uumametti tarkaaniffiin sirreeffama akka fudhatamu ni taasisa.

19) Haalli kennaa Hayyamaa fi hordoffii barreessitoota dhimma seeraa sadarkaa godinaaleetti raawwatamu bu’uura seeraa fi hojimaate diriireetiin ta’uu isaa ni hordofa, deeggarsa ni taasisa, bakka hanqinni mul’atetti tarkaaniffiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa.
20) Hojiin kennaa tajaajila seeraa bilisaa bu’uura seeraatiin akka raawwatamu ni taasisa; qaamolee ilaallatu waliin ta’uun qajeelfamni kenniinsa tajaajila bilisaa qophaa’ee hojii irra akka oolu ni taasisa.
21) Hojiin garee Kennaa hayyamaa fi hordoffii bu’uura hojmaata, qajeelfamootaa fi maanuwaalota jiraniin gaggeeffamaa/raawwatamaa jiraachuu ni hordofa.
22) Hojmaata galmeeleen qorannaa fi himannaa naamusaa sirnaan gurmaa’anii itti qabaman ni boca, hojiirra oolmaa ni hordofa.
23) Hojmaata galmeeleen dhimma naamusaa ittiin bahanii fi deebi’an ni boca, hojiirra oolmaa ni hordofa.
24) Hojmaata hojiileen galmeewwan naamusaa qindaa’anii sirnaan itti qabaman/eeggaman ni boca, ni diriirsa, ni hordofa.
25) Hojmaata badaa yakka malaammaltummaaf qaawa/karaa banuu/saaquu danda’an addaan ni baasa, ni gamaaggama, qo’annoo fi fooyya’iinsi akka irratti taasifamuuf qaama dhimmi ilaallatuuf ni erga.
26) Wixineewwan qajeelfamaa fi maanuwaalota hojii qophaa’anii dhiyaatan ni madaala/gamaggama, akka fooyya’u taasisuun ni mirkaneessa, hojiirra oolmaa ni hordofa, ni to’ata.
27) Leecalloo fi humni namaa tajaajila hojii daayirektoreetichaaf barbaachisan akka guuttaman ni taasisa,
28) Qaawwa dandeettii raawwachuu gareewwanii fi ogeessota bira jiru adda ni baasa, akka fooyya’u ni taasisa,
29) Tajaajilli daayirektoreetichaan kennamu fedhii maamilaatiin akka walsimu ni taasisa,
30) Komiiwwanii fi iyyannoo tajaajilamtoota irraa dhiyaatan ni fuudha, ni qorata/sakatta’a, tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata,

31) Gareewwanii fi ogeessotni daayirektoreetichaa naamusa gaariin hojii akka raawwataniif ni jajjabeessa, ni deeggara, kanneen naamusa cabsan gaafatamaa ni taasisa,
32) Naannoon hojii mijaa'aan akka uumamu ni taasisa, raawwannaa isaas ni hordofa,
33) Gareewwanii fi ogeessota hojii gidduu qindoominni hojii gaariin akka jiraatu ni taasisa, garaagarummaa fi rakkooleen wayita uumamanitti furmaata ni kenna,
34) Hojiiwwan daayirektoreetichaa fi haalli qabiinsa ragaalee teekinolojii ammayyaan akka deeggaramaniif sirni ragaalee wayitawaa fi barbaachisaa ta'an hammachuu dandeessisan akka diriiru ni taasisa, hojiirra oolmaa isaas ni hordofa,
35) Karoora fi raawwii gareewwanii ni gamaaggama, ciminaa fi dadhabina/hanqina jiru addaan ni baasa, haala dadhabinni/hanqinni mul'ate itti sirra'uu fi ciminni mul'ate daraan cimee itti fuufu qabu ni mijeessa,
36) Sirna istaatistiksiin odeeffannoo/ragaaleen daayirektoreetichaa ittiin funaannamanii fi qabaman ni diriirsa,raawwii isaas ni hordofa,
37) Raawwii hojii gareelee ni gamaaggama, ni mirkaneessa, madaallii gareewwanii fi raawwattoota isaan akka raawwatamu ni taasisa.
38) Karoora hojii fi gabaasa raawwii hojii daayirektoreetichaa yeroo isaa eeggatee qopheessuun ni dhiyeessa,
39) Hojii dabalataa hoogganaa dhiyootiin kennamuuf ni raawwata.

**62. Abbaa Adeemsaa ykn A/Alangaa garee akka gaggeessuuf ramadame**

1) Sadarkaa Godinaa fi Aanaa/Magaalaatti itti waamamni Abbaa Adeemsaa ykn A/Alangaa hojii mirkaneessaa, galmeessaa sanadootaa fi kennaa hayyamaatti ramadamee Itti Gaafatamaa mana hojii isaaniif ta'e. Sadarkaa naannootii Daarektoreeti Mirkannessa Sanadootaaf kennaa hayyamaatiif ta'a
2) Karoora Mana Hojichaa irraa ka'uun karoora adeemsichaa qopheessa, ni mirkaneessisa, gareeleef caccabsee ni kenna, hojiirra oolmaa fi raawwannaa kaarichaa ni hordofa.

3) Hojiiwwan adeemsichaa ol’aantummaan ni qajeelcha, ni qindeessa, ni hordofa, ni deeggara, ni gamaggama, bu’a qabeessummaa raawwii hojiiwwanii ni mirkaneessa,
4) Dhimma hojii ilaalchisee qaama olaanaa ni mariisisa; raawwii isaas ni hordofa.
5) Meeshaalee hojichaaf barbaachisaan garee hojichaatiif ni dhiyeessa.
6) Adeemsicha bakka bu’uun maanajimantii keessatti ni hirmaata.
7) Raawwii hojii gareewwanii ni madaala, tarkaanfiis ni fudhata.
8) Hojmaata badaa yakka malaammaltummaaf qaawa/karaa banuu/saaquu danda’an addaan ni baasa, ni gamaaggama, tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni godha.
9) Hojmaata bulchiinsa qabeenyaa ni hordofa,qaawa/rakkoolee raawwii keessatti uumaman gamaggamuun tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa.
10) Hojmaata, qojeelfamoota fi maanuwaalota hojii adeemsichaa haara qophaa’an irratti ogeessotni leenjii akka argatan ni taasisa,bu’aa leenjii ni hordofa,ni to’ata.
11) Hojiin adeemsichaa bu’uura hojmaata,qajeelfamootaa fi maanuwaalota jiraniin gaggeeffamaa/raawwatamaa jiraachuu ni hordofa.
12) Hojmaata adeemsichaa ilaalchisee muuxannoowwan gaggaariin keessaa fi alaa akka fudhatamuu fi wal-jijjiramuuf haala ni mijeessa.
13) Abbaan Adeemsaa hojii kennaa fi haaromsa hayyama barreessitootadhimma seeraa ulaagaalee seeraan taa’ee fi hojimaata diriire qofa hordofanii akka raawwatamu ni taasisa, ni hordofa, ni qajeelcha.
14) Dhaabbilee miti mootummaa fi waldaalee bu’a malee naannoo fi mootummaa Federaalaa irraa hayyama fudhatanii sochii isaanii naannoo keenya keessatti gaggeessaa jiran akkaataa kaayyoo isaaniitii fi waliigaltee pirojektootaa mallatteessaniitiin kan raawwataa jiran ta’uu qaama ilaallatu waliin qindoomina uumuun ni hordofa, ni too’ata, bakka hanqinni mul’atetti tarkaaniffiin sirreeffama akka fudhatamu ni taasisa.
15) Haalli kennaa Hayyamaa fi hordoffii barreessitoota dhimma seeraa sadarkaa godinaaleetti raawwatamu bu’uura seeraa fi hojimaate diriireetiin ta’uu isaa ni hordofa, deeggarsa ni taasisa, bakka hanqinni mul’atetti tarkaaniffiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa.

16) Hojiin kennaa tajaajila seeraa bilisaa bu'uura seeraatiin akka raawwatamu ni taasisa; Hojiin garee Kennaa hayyamaa fi hordoffii bu'uura hojmaata, qajeelfamootaa fi maanuwaalota jiraniin gaggeeffamaa/raawwatamaa jiraachuu ni hordofa.
17) Leecalloo fi humni namaa tajaajila hojii adeemsichaaf barbaachisan akka guuttaman ni taasisa,
18) Qaawwa dandeettii raawwachuu raawwattoota bira jiru adda ni baasa, akka fooyya'u ni taasisa,,
19) Komiiwwanii fi iyyannoo tajaajilamtoota irraa dhiyaatan ni fuudha, ni qorata/sakatta'a, tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata,
20) Raawwatootni adeemsichaa naamusa gaariin hojii akka raawwataniif ni jajjabeessa, ni deeggara, kanneen naamusa cabsan gaafatamaa ni taasisa,
21) Naannoon hojii mijaa'aan akka uumamu ni taasisa, raawwannaa isaas ni hordofa,
22) Gareewwanii fi ogeessota hojii gidduu qindoominni hojii gaariin akka jiraatu ni taasisa, garaagarummaa fi rakkooleen wayita uumamanitti furmaata ni kenna,
23) Karoora fi raawwii gareewwanii ni gamaaggama, ciminaa fi dadhabina/hanqina jiru addaan ni baasa, haala dadhabinni/hanqinni mul'ate itti sirra'uu fi ciminni mul'ate daraan cimee itti fuufu qabu ni mijeessa,
24) Karoora hojii fi gabaasa raawwii hojii adeemsichaa yeroo isaa eeggatee qopheessuun ni dhiyeessa,
25) Hojii dabalataa hoogganaa dhiyootiin kennamuuf ni raawwata.

**63. Qindeessaa Garee Hojii Mirkaneessaa fi Galmeessaa Sanadootaa**

1) Itti waamamni Garee Mirkaneessaa fi Galmeessaa Sanadootaa Daayirekteera Daayiroktoreetii Mirkaneessaa, Galmeessaa Sanadootaa fi Kennaa Hayyamaatiif ta'ee hojiiwwan armaan gadii ni raawwata.
2) Karoora hojii daayirektoreetichaa irraa ka'uun karoora garee ni qopheessa, ni mirkaneessisa, ogeessotaaf caccabsee ni kenna, hojiirra oolmaa fi raawwannaa kaaroorichaa ni hordofa.
3) Hojiiwwan garichaa Ol'aantummaan ni qajeelcha,ni qindeessa,ni hordofa,ni deeggara,ni gamaggama,bu'a qabeessummaa raawwii hojiiwwanii ni mirkaneessa,

4) Dhimma hojii ilaalchisee Qaama olaanaa ni mariisisa; raawwii isaas ni hordofa.
5) Meeshaalee hojichaaf barbaachisaan garee hojichaatiif ni dhiyeessa.
6) Hojiileen mirkaneessaa fi galmeessaa ragaalee ulaagaalee seeraan taa'ee fi hojimaata diriire qofa hordofanii akka raawwatamu ni taasisa, ni hordofa, ni qajeelcha.
7) Hojmaata badaa yakka malaammaltummaaf qaawa/karaa banuu/saaquu danda'an addaan ni baasa, ni gamaaggama, qo'annoo fi fooyya'iinsi akka irratti taasifamuuf qaama dhimmi ilaallatuuf ni erga.
8) Wixineewwan qajeelfamaa fi maanuwaalota hojii qophaa'anii dhiyaatan ni madaala/gamaggama, akka fooyya'u taasisuun ni mirkaneessa, hojiirra oolmaa ni hordofa, ni to'ata.
9) Maanuwaalotni fi qajeelfamootni hojii garichaa bu'a qabeessa akka ta'u dandeessisan akka qophaa'an ni taasisa, yeroo yeroon ni fooyyessa/akka fooyya'u ni taasisa.
10) Hojmaata, qajeelfamoota fi maanuwaalota garichaa haara qophaa'an irratti ogeessotni leenjii akka argatan ni taasisa, bu'aa leenjii ni hordofa, ni to'ata.
11) Hojiin garichaa bu'uura hojmaata, qajeelfamootaa fi maanuwaalota jiraniin gaggeeffamaa/raawwatamaa jiraachuu ni hordofa.
12) Hojiileen bu'uura istaandaardii hojii taa'een raawwatamuu isaa madaalaa deemuu hojiilee raawwataman odiitii duraa fi boodaa ni taasisa
13) Hojmaata garichaa ilaalchisee muuxannoowwan gaggaariin keessaa fi alaa akka fudhatamuu fi wal-jijjiramuuf haala ni mijeessa.
14) Tajaajilli garichaan kennamu fedhii tajaajilamtootaatiin akka walsimu ni taasisa,
15) Komiiwwanii fi iyyannoo tajaajilamtoota irraa dhiyaatan ni fuudha,ni qorata/sakatta'a, tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata,
16) Ogeessotni garichaa naamusa gaariin hojii akka raawwataniif ni jajjabeessa,ni deeggara,kanneen naamusa cabsan gaafatamaa ni taasisa,
17) Naannoon hojii mijaa'aan akka uumamu ni taasisa,raawwannaa isaas ni hordofa,

18) Ogeessota garechaa fi gareewwan hojii biroo gidduu qindoominni hojii gaariin akka jiraatu ni taasisa,garaagarummaa fi rakkooleen wayita uumamanitti furmaata ni kenna,
19) Leecalloo fi humni namaa tajaajila hojii garichaaf barbaachisan akka guuttaman ni taasisa,
20) Qaawa dandeettii raawwachuu ogeessota garee bira jiru adda ni baasa,akka fooyya'u ni taasisa,
21) Karoora fi raawwii ogeessota garee ni gamaaggama,ciminaa fi dadhabina/hanqina jiru addaan ni baasa,haala dadhabinni/hanqinni mul'ate itti sirra'uu fi ciminni mul'ate daraan cimee itti fuufu qabu ni mijeessa,
22) Raawwii hojii Ogeessota garechaa ni gamaaggama,ni mirkaneessa,madaallii ni raawwata.
23) Karoora hojii fi gabaasa raawwii hojii garichaa wayitawaa yeroo isaa eeggatee qopheessuun daayirektoreetichaaf ni dhiyeessa,
24) Hojii dabalataa hoogganaa dhiyootiin kennamuuf ni raawwata.

**64. Abbootii Alangaa Garee Mirkaneessaa fi Galmeessaa Sanadootaa**

1) Itti waamamni Abbootii Alangaa Garee Hojii Mirkaneessaa fi Galmeessaa Sanadootaa I/Gaafatamaa Waajjiraa / Abbaa Adeemsa /Qindeessaa Garee Mirkaneessaa fi Galmeessaa Sanadootaatiif ta'ee gahee hojii armaan gadii ni qabaatu.
2) Karoora hojii garechaa irraa ka'uun karoora dhuunfaa ni qopheeffatu, ni mirkaneessifatu, hojiirra ni oolchu, raawwii kaoorichaa ni yeroo yeroon qindeessa garechaatiif ni gabaasu.
3) Hojiileen mirkaneessaa fi galmeessaa ragaalee ulaagaalee seeraan taa'ee fi hojimaata diriire qofa hordofanii ni raawwatu.
4) Dhimma hojii ilaalchisee rakkoo isaan muudatee marii gareetiin hiikuun rakkisaa ta'e irratti qindeessaa garechaa ni mariisu; kallattii raawwii akka isaanii akeeku ni gaafata.
5) Maanuwaalotni fi qajeelfamootni hojii garichaa bu'a qabeessa akka ta'u dandeessisan yeroo qophaa'an hirmaannaa ni taasisa, yeroo mirkanaa'an hojiirra ni oolcha.

6) Tajaajilli isaan kennan fedhii tajaajilamtootaatiin akka walsimu ni taasisu,
7) Iyyata ykn ragaa tajaajilamtootaan dhiyaatan qulqulleessanii tajaajila barbaadame ni kennu.
8) Ogeessota garechaa fi gareewwan hojii biroo waliin qindoomina hojii gaariin uumuun ni hojjatu,
9) Hojiilee A/Alangaa gareen ykn tuutaan raawwatan/hojjatan keessatti deeggaraa ta'ee ni hirmaata.
10) Ragaawwan hojii garee himannaa ykn A/Alangaa fooyyessuuf gargaaran ni sassaaba
11) Gabaasa rawwii hojii wayitawaa qopheessee hoogganaaf ni dhiyeessa.
12) Hojii dabalataa hoogganaa dhiyootiin kennamuuf ni raawwata.

**65. Abbootii Alangaa Garee Kennaa Hayyamaa fi Hordoffii**

1) Itti waamamni Abbootii Alangaa Garee Hojii Kennaa Hayyamaa daarektoreetii Mirkaneessaa fi Galmeessaa Sanadootaatiif ta'ee hojiiwwan armaan gadii ni raawwatu.
2) Karoora hojii Garechaa irraa ka'uun karoora dhuunfaa ni qopheeffatu, ni mirkaneessifatu, hojiirra ni oolchu, raawwii karoorichaa yeroo yeroon qindeessa garechaatiif ni gabaasu.
3) Hojiileen kennaa hayyamaa fi hordoffii ulaagaalee seeraan taa'ee fi hojimaata diriire qofa hordofanii ni raawwatu.
4) Dhimma hojii ilaalchisee rakkoo isaan muudatee marii gareetiin hiikuun rakkisaa ta'e irratti qindeessaa garechaa ni mariisu; kallattii raawwii akka isaanii akeeku ni gaafata.
5) Hojiileen kennaa hayyama fi haaromsa hayyama abukaatoo fi Dhaabbilee miti mootummaa fi waldaalee bu'amalee ulaagaalee seeraan taa'ee fi hojimaata diriire qofa hordofanii akka raawwatu, ni hordofa.
6) Dhaabbilee miti mootummaa fi waldaalee bu'a malee naannoo keenya irraa hayyama fudhatanis ta'ee, Kanneen sadarkaa Mootummaa Federaalaa irraa hayyama fudhatanii sochii isaanii naannoo keenya keessatti gaggeessaa jiran akkaataa kaayyoo isaaniitii fi waliigaltee pirojektootaa mallatteessaniitiin kan raawwataa jiran ta'uu qaama ilaallatu waliin qindoomina uumuun ni hordofu,

ni too’atu, bakka hanqinni mul’atetti tarkaaniffiin sirreeffama akka fudhatamu ni taasisu.

7) Abukaatotni naannichaa akkaataa labsii fi danbii abukaatoo naannoo keenyaatiin tajaajila kan kennaa jiran ta’uu qaama ilaallatu waliin qindoomina uumuun ni hordofu, ni too’atu, bakka hanqinni mul’atetti tarkaaniffiin sirreeffama akka fudhatamu ni taasisu.
8) Haalli kennaa Hayyamaa fi hordoffii barreessitoota dhimma seeraa sadarkaa godinaaleetti raawwatamu bu’uura seeraa fi hojimaate diriireetiin raawwtamaa jiraachuu isaa ni hordofu, deeggarsa ni taasisu, bakka hanqinni mul’atetti tarkaaniffiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisu.
9) Iyyata badii naamusaa tajaajilamtootaan dhiyaatu fuudhanii ragaalee walqabatee dhiyaate waliin madaaluun bu’uuruma istaandaardii hojii ta’een gara Gumii Abukaatotaatti ni dhiheessu, Gumiin ni himachiisa jedhee ajaja yoo kenne; himata badii naamusaa dhiheessuun falmii barbaachisaa ta’e gaggeessuun murtii ni kennisuusu; murtii Gumiin kenne ni raawwachiisu.
10) Hojiin kennaa tajaajila seeraa bilisaa bu’uura seeraatii fi hojimaata diriireetiin ni raawwatu; qaamolee ilaallatu waliin ta’uun qajeelfamni kenniinsa tajaajila bilisaa qophaa’ee hojii irra akka oolu ni taasisu,
11) Hojiilee garichaa bu’uura qajeelfamootaa, maanuwaalotaa fi hojmaata diriiree jiruun ni raawwatu.
12) Tajaajilli isaaniin kennamu fedhii tajaajilamtootaatiin akka walsimu ni taasisu,
13) Hojiilee Abbootii Alangaatiin gareen ykn tuutaan raawwatamu/hojjatamu keessatti deeggaraa ta’ee ni hirmaata.
14) Gabaasa rawwii hojii wayitawaa qopheessee qindeessaa garechaatiif ni dhiyeessa.
15) Hojii dabalataa hoogganaa dhiyootiin kennamuuf ni raawwata.

**66. Sassaabaa/bdu Galii Guyyaa**

1) Itti waamamni Sassaabaa/bduu Galii Guyyaa I/Gaafatamaa Waajjiraa/ A/Adeemsaa/ Daayireektara Daarektoreetii Mirkaneessaa, Galmeessaa

Sanadootaa fi kennaa mahayyamaatiif ta'ee gahee hojii armaan gadii ni qabaatu.

2) Karoora hojii daayrektoreetichaa irraa ka'uun karoora dhuunfaa ni qopheeffata/ti, ni mirkaneessifata/ti, hojiirra ni oolcha/chiti.
3) Kaffaltii qaraxa teembiraa fi kaffaltii tajaajilaa galmeessa ragaalee fi kenna hayyamaa irraa argamu ni sassaaba/ di
4) Tajaajilli kennan fedhii tajaajilamtootaatiin akka walsimu ni taasisa/ti.
5) Iyyata ykn ragaa tajaajilamtootaan dhiyaatan qulqulleessanii tajaajila barbaadame ni kennu.
6) Ogeessota garechaa fi gareewwan hojii biroo waliin qindoomina hojii gaariin uumuun ni hojjata/ti,
7) Hojiilee garichaa bu'uura qajeelfamootaa, maanuwaalotaa fi hojmaata diriiree jiruun ni raawwata/ti,
8) Gabaasa rawwii hojii wayitawaa qopheessee qindeessaa garechaatiif ni dhiyeessa.
9) Hojii dabalataa gaggeessaa adeemsatiin itti kennamu ni raawwata/ raawwatti.

**67. Hojjataa Hoggansa Hojii Ragaa**

1) Itti waamamni Hojjataa Hoggansa Hojii Ragaa I/Gaaftamaa/ Abbaa Adeemsaa/ Daayireektara Daarektoreetii Mirkaneessaa fi Galmeessaa Sanadootaa fi kennaa hayyamaatiif ta'ee gahee hojii armaan gadii ni qabaatu.
2) Karoora hojii daayrektoreetichaa irraa ka'uun karoora dhuunfaa ni qopheeffata, ni mirkaneessifata, hojiirra ni oolcha.
3) Abbaa Alangaa dursaa (front-liner) waliin fuula duree taa'ee/see sanadoota mirkanaa'an irratti chaappaa taasisuun sanadoota mirkanaa'an tajaajilamtootaaf ni kenna/ti
4) Sanadoota mirkanaa'an sirnaan galmeessee lakkoofsa addaa itti kennuun faayila mataa isaa qopheeseefii haala yeroo barbaadamu salphaan argamuu danda'uun akaakuu akaakuun qindeessee ol kaa'a.
5) Galmeewwan hayyama kennamanii sirnaan galmeessee lakkoofsa addaa itti kennuun faayila mataa isaa qopheeseefii haala yeroo barbaadamu salphaan argamuu danda'uun akaakuu akaakuun qindeessee ol kaa'a.

6) Galmeewwan adda addaa yammuu barbaadaman qindeessitoota gareetiif yookiin Abboo Alangaa gareewwaniitiif ni dhiyeessa/dhiyeessiti.
7) Hojiilee garichaa bu'uura qajeelfamootaa, maanuwaalotaa fi hojmaata diriiree jiruun ni raawwata/ti,
8) Gabaasa rawwii hojii wayitawaa qopheessee qindeessaa garechaatiif ni dhiyeessa.
9) Hojiiwwan dabalataa gaggeessaa adeemsaa ykn garee dhimmaatiin itti kenname ni raawwata/ raawwatti.

**68. Daata Inkoodarii**

1) Itti waamamni Daataa Inkoodarii I/Gaafatamaa/Abbaa Adeemsaa/ Daayireektara Daarektoreetii Hojii Mirkaneessaa fi Galmeessaa Sanadootaa fi kennaa hayyamaatiif ta'ee gahee hojii armaan gadii ni qabaatu.
2) Karoora hojii daayrektoreetichaa irraa ka'uun karoora dhuunfaa ni qopheeffata, ni mirkaneessifata, hojiirra ni oolcha.
3) Sanadoota mirkanaa'an  lakkoofsi addaa itti kennuun akaakuu akaakuun adda baasee daataa-beezii keessa ni galcha.
4) Galmeewwan hayyama kennamanii sirnaan galmeessee lakkoofsa addaa itti kennuun akaakuu akaakuun adda baasee daataa-beezii keessa ni galcha
5) Galmeewwan adda addaa yammuu barbaadaman daataa beezii keessaa barbaadee lakkoofsi addaa isaa baasuun dokmanteeshin waliin ta'anii galmee barbaadame baasanii ni dhiheessu.
6) Hojiilee garichaa bu'uura qajeelfamootaa, maanuwaalotaa fi hojmaata diriiree jiruun ni raawwata/ti,
7) Gabaasa rawwii hojii wayitawaa qopheessee qindeessaa gareechaatiif ni dhiyeessa.
8) Hojiiwwan dabalataa gaggeessaa adeemsaa ykn garee dhimmaatiin itti kenname ni raawwata/ tti.

## Boqonnaa Jaha

## Tumaalee Adda Addaa

**69. Dirqama Maanuwaalicha Hojiirra Oolchuu**

Abbaan Alangaa fi hojjataan biro kamiyyuu hojiiwwan maanuwaalii kana keessatti ibsaman yeroo hojjatan seeraa, hojimaata fi maanuwaalii kana bu'uura godhachuun hojii isaa raawwachuu qaba.

**70. Dirqama Mana Hojichaa**

1) Manni Hojichaa maanuwaalii kana hojiirra oolchuuf haalota barbaachisan hunda guutuu qaba.
2) Manni hojichaa akkuma maanuwaaliin kun hojiirra ooleen Abbootii Alangaa fi hojjatoota Daarektoretichaa, Adeemsa fi garee irratti ramadamuun hojjataniif maanuwaalii kana irratti leenjii hubannoo cimsuu kennuu qaba.

**71. Maanuwaalii Haqame**

1) Maanuwaaliin Adeemsa Hojii Galmeessa Ragaalee fi Kenna Hayyamaa bara 2004 bahe hojiirra ture Maanuwaalii kanaan haqameera.
2) Barmaatiileen hojii Maanuwaalii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Maanuwaalii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**72. Aangoo Maanuwaalicha Fooyyeessuu**

Maanuwaaliin kun Abbaan Alangaa Waliigalaa yookiin Daarektarri yookiin qaamni biroo yaada fooyya'iinsaa yoo dhiheessan Manajimantii Mana Hojichaatiin fooyya'uu ni danda'a.

**73. Yeroo Maanuwaalichi Hojii irra Ooluu**

Maanuwaaliin kunManajimantii Mana Hojichaatiinragga'ee Abbaa Alangaa Waliigalaatiin guyyaa mallattaa'ee jalqabee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee, Fulbaana, 2012**

**Tashoomaa Girmaa**

**Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa**

**I) . Gabatee Iddoo Hojiiwwan Itti Hojjataman Agarsiisu**

| T.L | **Hojiiwwan Hojjataman** | **Iddoo itti hojjatamu** |
|---|---|---|
| 1 | **Ragaalee Galmeesuu(mirkaneessuu)** | |
| 1.1 | Galmeessaa waliigaltee gurgurtaa ykn kennaa(**konkolaataa fi mana hin dabalatu)** | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.2 | Aangoo ragaa bakka bu'ummaa kennuu | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.3 | Aangoo bakka bu'ummaa kaasuu ykn deebisuu | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.4 | Mirkaneessaa chaappaa, mallattoo fi sanada ministeera dhimma alaa | ▪ Naannoo |
| 1.5 | Galmeessaa waliigaltee kiraa (**kiraa konkolaataa,mana fi lafa baadiyyaa otoo hin dabalatin)** | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.6 | Galmeessa waldaalee daldalaa | ▪ Naannoo<br>▪ Godina |
| 1.7 | Galmeessa waldaa daldalaa IMX | ▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.8 | Galmeessaa waliigaltee waliin hojjachuu (partnership contracts) | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.9 | Galmeessa dhaamoo (public will) | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.10 | Mirkaneessa seera qabeessummaa turjumaanaa | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.11 | Galmeessaa walii galtee gahee gadi lakkisuu (contract of renunciation) | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.12 | **Mirkaneessa qaboo yaa'ii** | |
| | ✳ Mirkaneessa qaboo yaa'ii waldaa bu'aa malee | ▪ Naannoo |
| | ✳ Mirkaneessa qaboo yaa'ii waldaa | Naannoo |

| | | |
|---|---|---|
| | daldalaa | ▪ Godina |
| | ✳ Mirkaneessa qaboo yaa'ii waldaa daldalaa IMX | ▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.13 | Koppii sanadoota adda addaa mirkaneesuu (**orijinaala waliin walbira qabuun mirkaneesuu)** | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.14 | Galmeessa waligalatee liqii | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.15 | Waligaltee foyya'e ykn diigame mirkaneessuu (**bakka waliigalteen jalqabaa jirutti)** | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.16 | Galmeessa waligaltee walitti makamuu, diigamuu, gosa isaanii jijjiruu waldaalee daldalaa (**bakka waldaaleen duraan itti galmaa'anitti**) | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.17 | Sanadoota duraan kennaman mirkaneessuu(**bakka sanadni duraan galmaa'ee ragaan isaa jirutti)** | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.18 | Sanadoota badan mirkaneessuu (**iddoo sanadni duraan galmaa'ee jirutti**) | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 1.19 | Galmeessa dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa. | ▪ Naannoo |
| 1.20 | Galmeessa waliigalteewwan adda adda | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| **2** | **Kennaa Hayyamaa** | |
| 2.1 | Kennaa hayyama abukaatoo | ▪ Naannoo |
| 2.2 | Kennaa hayyama waldaalee bu'aa malee | ▪ Naannoo |
| 2.3 | Kenna hayyama barreesitoota dhimma seeraa | ▪ Godina |
| **3** | **Haaromsa Hayyamaa** | |
| 3.1 | Haaromsa hayyama abukaatoo | ▪ Naannoo<br>▪ Godina |
| 3.2 | Haaroomsa hayyamaa waldaalee bu'aa malee | ▪ Naannoo |
| 3.3 | Haroomsa hayyama barreessitoota dhimma seeraa | ▪ Godina |
| **4** | **Galmee Naamusaa** | |
| 4.1 | Galmee naamusa abukaatotaa | ▪ Naannoo |

| | | |
|---|---|---|
| | | ▪ Godina |
| 4.2 | Galmee naamusa barreessitoota dhimma seeraa | ▪ Godina |
| **5** | **Tajaajila deeggarsa seeraa bilisaa** | |
| 5.1 | Kenninsa fi hordoffii tajaajila deeggarsa seeraa bilisaa | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| **6** | **Hordoffii abukaatoo, barreessitoota dhimmi seeraa fi w/bu'a malee** | |
| 6.1 | Hordoffii abukaatootaa | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 6.2 | Hordoffii barreessitoota dhimma seeraa | ▪ Godina<br>▪ Aanaa |
| 6.3 | Hordoffii waldaa bu'aa malee | ▪ Naannoo<br>▪ Godina<br>▪ Aanaa |

**Mana Hojii Abbaa Alangaa Waligala Oromiyaatti**

**Daayoktoreetii Mirkaneessa Sanadootaa fi Ke/Hayyammaa tiif**

**Finfinnee**

## Aangoo bakka Bu'innsaa Kennuu

Bakkabuufataan/tuun:-1. ________________________________________

2. ________________________________________

Teessoon:- ____________________________________________________

Bakka Bu'aan /tuun:- ____________________________________________

Teessoon:- ____________________________________________________

Lakk/Abukaatummaa:- ________________________________________

Ani bakka bufataan /tuun maqaa koo ibsame bakka bu'aan maqaan isaaniiaramaan Olitti tuqame Abukaatoo seeraa waan ta'aniif wayita ani himadhus ta'e himatamu Bakka bu'aan kun maan murtiitii himannaa akaa naa hundeessan ,deebii akka kennan;Akka falman ;maqaa kootiin kakuu akka mirkanaassan;waraabbi murtii fi ajaja mana Murtii irra akka naaf fuudhaan ;murtii akka naa raawwachiisan bu'uura D/F/S/lakk.57tiin bakka bu'aadhaaf nnu koo mallatoo kootiin naan mirkaneessa.

Mallattoo bakka buufataa/tuu

________________________

**Mana Hojii Abbaa Alangaa Waligala Oromiyaatti**

**Daayoktoreetii Mirkaneessa Sanadootaa fi Ke/Hayyammaa tiif**

**<u>Finfinnee</u>**

## <u>Aangoo bakka Bu'ummaa kennuu</u>

Bakka buufataan(tuun) 1.________________________________________

2. ________________________________________

Teessoon____________________________________________________

Bakka bu'aan (tuun) ________________________________________________

Teessoon____________________________________________________

Ani bakka buufataan (tuun) maqaan koo armaan olitti ibsame bakka bu'aan(tuun)________________________koo( keenya) waan ta'aniif, dhimma ani himadhus ta'ee himatamu irratti bakka koo bu'uun mana Murtiitti himannaa hundeessanii akka naa falman, deebii akka kennan,maqaa kootiin kakuu akka mirkaneessan, waraabbii Murtii fi ajaja Mana Murtii akka naa fuudhan, Murtii akka naa raawwachiisan bu'uura S/H/H/ keewwata 2199 fi **S/D/F/S**/Keewwata **58** tiin bakka buufachuu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Mallattoo bakka buufataa/tuu

_________________________

**Mana Hojii Abbaa Alangaa Waligala Oromiyaatti**

**Daayoktoreetii Mirkaneessa Sanadootaa fi Ke/Hayyammaa tiif**

**<u>Finfinnee</u>**

**<u>Ragaa Aangoo bakka bu'ummaa kennuu</u>**

**Bakka buufataan(ttuun):- 1. ______________________________________**

**Teessoon:- _____________________________________________________**

**Bakka butoon(ttuun):- ___________________________________________**

**Teessoon:- _____________________________________________________**

Ani (nuti) bakka buufataan (ttoonni) maqaan koo(keenya) armaan olitti ibsame kanan bakka buufadhu(nnu) bakka bu'aan (ttuun) akka koo (keenya) ta'e(taatee) ______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

akkasumas dhimma kana ilaalchisee waajjiraalee mootummaas ta'ee miti mootummaatti dhiyaatee dhimma adda addaa raawwachuu fi raawwachiisuu, kafaltii kamiyyuu maqaa kootiin (keenyaan) kafaluu, sanda irratti mallatteessee(ssitee) kennuu fi fuudhuu, falmiin tokko yoo ka'e abukaatoo seeraa bakka buusuun falmisiisuu akka danda'u(ttu) bu'uura S/H/H/Ke-2199 fi 2204 tiin bakka buufachuu koo(keenya) mallattoo kootiin(keenyaan) mirkaneessa(ssina).

**Mallattoo Bakka buufataa(ttuu)**

**1. _________________________**

**Mana Hojii Abbaa Alangaa Waligala Oromiyaatti**

**Daayoktoreetii Mirkaneessa Sanadootaa fi Ke/Hayyammaa tiif**

**<u>Finfinnee</u>**

## <u>Ragaa Angoo bakka bu'ummaa Kaasuu</u>

B/bu'ummaa kaasaan(tuun) 1.____________________________________

2. ____________________________________

Teessoon___________________________________________________

B/bu'ummaan irraa ka'aan ___________________________________

Teessoon _______________________________________________________

Ani (nuti)Aangoo bakka bu'ummaa kaasaan (tuun) kana dura B/bu'ummaa irraa kaasuun dhimma adda addaa akka naaraawwatuuf bakka buufadhee(nnee)Biiroon keessanis ragaa aangoo bakka bu'iinsichaa nuuf ilaalee lakk.B/B__________/___________gaafa___________/____________/____ _______tiin bakka bu'ummaa unn raggaasisuun keessan ni yaadatama..

Haata'u malee yeroo ammaa bakka bu'ummaa duraan kenneef irraa kaasuu waan barbaadeef bu'uura S/H/H/keewwata 2226 tiin ragaa aangoo bakka bu'ummaa irraa kan kaase ta'uu mallattoo kiyyaan nan mirkaneessa.

Mallattoo B/Bu'ummaa kaasaa/tuu

________________________